

مؤسسة دار الفكر  
Dar Al-Fiker Foudation  
مفتنى - اثيوبيا



# *Reviving the Blance the Authority of the Qur'an and the Status of the Sunnah*

*Taha Jabir Alalwani*

## *Walmadaala Angoo Qur'aanaa Fi Sadarkaa Sunnaan Qabdu Ibsuu*

**Qopheessaan:**

*Xaahaa Jaabir Alalwaanii*

**Hiikaan:**

*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee - Itiyoophiya 2017 G.C

# **Reviving the Blance the Authority of the Qur'an and the Status of the Sunnah**

**Taha Jabir Alalwani**

**Walmadaala Angoo Qur'aanaa  
Fi Sadarkaa Sunnaan Qabdu  
Ibsuu**

**Qopheessaan:  
Xaahaa Jaabir Alalwaanii**

**Hiikaan:**

**Faawundeeshiinii Daar Al Fikri**

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al  
Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/57**

**BOQONNAA TOKKO**  
**NABIYYUMMA YKN AMBIYUMMAA FI GA'EE**  
**ISAANII**

**Nabiyyummaa akka ergamaatittii fi ilma namaatti**

Ergamaan Rabbii inni boodaa ykn xumuraa muuxannoowwan nabiyyoota isaannan dura darbanii (turanii) hunda of keessatti kan hammateedha. Akka Qur'aanni ittigaafatamtootaa fi hubannoowwan adda addaa irraa ibsutti garaagarummaan Nabiyyootaa fi rusultoosaa(ergamtootaa)rabbii jidduu jiru Hawaasni Haarofni dogoggora hawaasni isa dura turan kan dandeettin Nabiyyoota fi rusultoosaa(ergamtootaa) rabbi akka tokkotti fudhatuu, rabbitti amanu, Rusultoosatti amanu fi ilmoon namaa bilisaan ergamtoota rabbi jalatti bultu kan godheedha.

Qur'aanni Waa'ee nabiyyoota Rabbii akkana jedha.”Ilmaan namaa waan karaa nabiyyoota isaatin isaanitti ergame hunda kabajuu fi itti buluu qabu.” Akkasumas ergamtootni rabbii baay'een Ummattoota karaa isaanitti deebisuuf dhama'aniiru.

Jechoonni Afaan Arabaatin Nabiyyi (Nabi) fi Nabiyyumma (nubuwah) jedhaman Hundee n-b- jedhu irraa maddan.Hiikni isaa ol-aanoo ykn ol-kaafamoo jechuudha. Haata'u malee qabxiin hawaasni muslimaa bulchiinsa fi miseensumma warreen nuti muslimoota ol-aanoo ofiin jedhanii fi nabiyyii irratti odeessan laayyoo miti. Isaannan barsiifata ol-aantummaa hordofan keessaa Bedouin Arabs waarri ofiin jedhan tokko.Barsiifamni isaanii garuu hangas maraa miti. Isa akka dhaalaan ykn sanyiin Aangoo waliif dabarsuu irraa kan hafe.

Gara qabxii ijoo keennaa Nabiiyyummaatti yommuu deebinu isaan keessa nabiiyyii yahuuda (Jews) fi kiristaanaa (Issa ykn Jesus) ilalla. Isaan lamaanuu nabiiyyii ol-aanoo ta’anii fi hordoftoota isaanii waan dhugaa ta’ee fi ijaan hin mul’anne irratti dhaamsa dabarsanii dha. Akka Hibruu (Hebrew) duriitti jechi Nabiiyyii (prophet) Jedhu akka nama waa’ee dhimma seeraa dubbatuu tokkootti ilaalama ture. Gama Muslimtootatiin garuu jechi Nabi ykn Nabiiyyii jedhu nama ergaan rabbi karaa isaatiin ummata bira geettu godhe ilaala ture.

Jechi Afaan Arabaa”rasul”jedhu jecha tisho ykn gaalee “Arsala” jedhu yoo ta’u hiikni isaa ergaa ykn erguu jechuudha. Garuu jechi “Arsala” jettu Qur’aana Suura Maryam Keessatti akka jecha faallatti tajaajilaa turte. Iddo sanitti humna ol-aanaa rabbiin sheyxaanaa fi warra isatti buluu didan irratti qabu inbsuu barbaadameeti. Garaagarummaan jidduu rabbiiti fi ergamtootaa isaa (irsal) akkasumas “irsal” humna sheyxaanaa diinota isaa irratti godhu isuma jalqabaa san ibsuufi. Rabbiin ergamtootaa isaa kan gara keenna ergeef akka isatti bullu qofaafi.

Qur’aanni akka ibsutti Nabiiyyoota fi Ergamtoota (rusultoota) rabbi jidduu garaa garummatu jira jedha. Innis Lamaanuu Nabiiyyiin is ta’ee rusultootni (ergamtoonni) rabbi dhaamsa karaa rabbiitin isaan ga’e dabarsuudha. Haata’umalee dhaamsii (ergaan) karaa rusultoota rabbiitin dhufu yeroo hundaa heera uumamaatin kan wal-qabateedha. Kan karaa Nabiiyyootatiin darbu garuu yaada haarawa Heeran ala ta’e kan ofkeessaa hin qabneedha. Faaydaan Nabiiyyii tokko:- Barsiisuu fi Dhaamsa isa dura ergamtootatti ergame lallabuu fi itti

yaamudha. Walumaagalatti Nabiyyoota jechuun kaayyoo barnoota karaa rusultootatiin dhufe kan isa duraa hunda warra karaa qabsiisu fi barsiisu jechuudha.

Qur'aanni karaa biraatiin akka ibsutti garaagarummaan nabiiyi fi rasuula ykn ergamaa jidduu jiru ilaalcha adda adda kan akka afaan Arabaatin "Ismah" jedhu yoo ta'u hiikni isaa Eeggumsa Uumamaa jechuu dha. Nabiyyoota eeggumsa uumamaa kan isaanif hin godhamnee fi akkasumas akkuma namoota biro kan ajjeefamaa turaniidha. Tokkoon isaanituu eeggumsa umamaan namoota kaan irraa adda ta'e kan hin qabnee fi akkuma namoota biraa dhiibbaan gara garaa namoota irraa kan isaan irra ga'u fi dogoggorri gara garaa fi akkuma namoota kaanninii kan namootan miidhaman ta'uu inbsa. ISMAH ykn eeggumsi rabbiin irraa ta'e kan godhamu Rusultoota (ergamtootaf) yoo ta'u innis bakka lamatti qoodama.

1. Eeggumsa akka hin ajjeefamne isaanif godhamuu fi
2. Eeggumsa akka hin dogoggorre yeroo isaan dhaamsa rabbi dabarasan isaanif godhamuudha. Kanaaf Eeggumsi kan isaaniif godhamu karaa sammuu fi waan hundaan waan ta'eef doggorri homaatuu kan karaa ergamtootatiin darbu hin jiru jechuudha. Yeroo ergamtoonni dhamsa daddabarsuu xumuranitti ga'ee isaanii kan xumuramuu fi ga'een nabbii kan eegalu ta'a. Kanaaf yeroo kanatti nabbiyyiin akka ergamtootaa ta'uun dhaamsa akka barsiisuu, gara rabbiitti waamuu fi akka fudhatan raawwatuu eegalu jechuudha.

Haata’u malee Ambiyoonni hunduu namummaa nabiyyii hin Haalan.ta’us akka ga’een isaa Barsiisaa fi Hayyuu ta’etti fudhatu.yeroo nabiyyiin akkan ergamaa ta’anii dhihaatanitti dalagaan ergamaa sanii akka ilmoo namaatti ykn nabiyyiitti fudhatu.Ta’us garuu guutuu namummaa isaa fi gahee Nabiyyii ta’uun inni qabu akkasumas gahee ergamaa ta’uun qabu akka waan rabbi irraa isaaf kennamee akkuma namootaa hundaa ajjeefamuu fi du’uu ni danda’u jedhanii fudhatu. (Qur’aana Sura Alkahf 18:110). Hundaa’ol garuu Nabiyyummaan kan ibsamuun Barsiisaa fi barsiifata (iskoolara) sadarkaa baay’ee ol’aanaa akkasumas ga’uumsa karaa ergamtoota isa duraatiin isaan kennamee irraa kan maddeedha.Nabiyyiin ga’uumsa karaa rabbiitiin isaaf kennamee keessa kan seenuu danda’u yoo muuxannoowwan barsiisaa,heera kabachiisuu fi odeeffannoowwan rabbiin irraa isaan ga’e irratti kakaasuu fi hojirra oolchuudha.Karaa biraatiin immoo ergamaan tokko ergaa gara isaatti ergame fayydamuu danda’a. Kanaafu garaagarummaan sadan dhaamsaa , gosa eeggumsaa isaaniif godhamuu fi yaalii ijtihada,walumaagatti Ergamaa jechuun nabiyyii heerri uumamaan gubbaa isaa kennamee fi itti gaafatamummaan nabiyyii ergamaaf(rusuullaf) Sababni isaa kaayyoon “Ergamaan kamuu Nabiyyiidha garuu Nabiyyiin hundi Ergamaa ta’uu hin danda’u” jedhu waan jiruuf. Nabiyyoonni (Ambiyoonni) yeroo fi iddoo irratti hundaa’u, Ergamtoonni garuu Waaltawoo fi Du’a dhunfaa boodalle ga’ee isaanii guutuu danda’u.Garaagarummaan kun kan Jedhameef Kaayyoon Nabi Mohaammad Ergamaniif Arabootaa yoo ta’u

Kaayyoon ergaa isaanii garuu ummata addunyaa kan irra jiraatu hundaafi kan jedhuudha.

### **NABIYYOOTA QUR'AANA KEESSATTI**

Qur'aanni kitaaba bal'aa fi araffaa kan keessatti oflaalanii fi deebii nabbiyootaa ittiin deebisuuf kitaaba kaa'ameedha. Karaabiraatin immoo Qur'aanni Nabiiyyoota gara ilmaan Israa'elitti ergaman kan isaan karaa sobatiin fudhatan hunda fi itti yaadda'aa turan Namummaa guutuu isaanii waliin ifa godheera. Qur'aana Suuraa Al-ambiya(21:7-8). Qur'aana fi Sunnaan Lamaan isaanituu Kan ibsan(hubachiisan) akka Kufiinsi(Ismah) Nabiiyyootaa Dhugaa hin jirree fi Nabbiyyiin Dhugaa kamuu Balleessawwan gurguddoo irraa bilisa ta'uu ibsu. Waa hunda caalaa Nabiiyyoonni sababa ergamaniif guutuu bakkaan ga'uuf baay'ee akka yaadda'an ibsa.

Akka *Suuraa Al-ambiyaa* (21:92) Rabbiin Nabiiyyoota kan uumeef “Hawaasa tokkoof” ergaa isaaniif darbu irratti hundaa'uun, bakka ergaan isaanif dhuftu irratti hundaa'un, Waamicha kara rabbiitti isaan dhiheessuu gochuun, mataa ofii qulqulleessuunii fi Lallabni(waamichi) isaanif godhamu lafa qabatee Qaroomina Dachee guutuu akka argamsiisuuf fa'aadha. Qur'aanni qabxii walfakkeenna fi garaagarummaa Nabiiyyootaa fi Ergamtootaa kaa'uun isa araffaadha. Haaluma walfakkaatun walfakkeenna fi garaagarumma dhaamsa(ergaa) isaan irraa dhihaatee keessattuu kallattiiwaan arfan jajjaboo kan akka:-kaayyoo(doctrine), Ilaalcha namootaa(human Values) fi hamilee (morals), Seera qaama ol-aano irraa dhufe(divinely revealed law) wallitti dhufeenya namootaa

hawaasa keessattii fa'aadha.Haata'u malee seerri haarawa hundaa'ee Yeroo fi iddoo irrattihundaa'uun hawasarraa hawaasatti adda adda ta'uu danda'a.

Hundeen Barsiifataa "Islamic Jurisprudence" gaafiwwan waaqeffachuu ykn rabbitti buluu namootaa nabiiyyootaan dura ykn erga nabiiyyoonni dhaamsa isaaniif karaa Seeraa fi aadaa ta'een rabbi irraa godhameef booda akkasuma warra dhaamsi yeroo isaa dura isa dhaqqabe jeedhanii yoo xiqqaate bakka sadihitti qoodaniiru. Isaanis:-

Barsiiffanni Garee Jalqabaa Nabiiyyiin dhaamsa osoo hindhufin bu'etti ykn ergammetti Amanuun goonkumaa hin ta'u jedhu.

Gareen Lammaffaa Immoo Nabiiyyitti kan buluu qabnu dhaamsa isa dura ergamee fi yaaliwwan (gochaawwan) isa Dura rawwatame irratti hundaa'uun jedha.

Gareen sadaffaa immoo dhimmoota Lamaanuu irratti yaada tokkooyyuu hin qaban. Rakkoo guddoon bu'aa kanaa hanqina qabiyyee Qur'aanaa sirritti hubachuu dhabuuti.Kun immoo kan agarsiisu Gareen lammaffa akka ibsutti,FKN,Suuraa *Al-an'am* iddoo rabbiin Nabiiyyiin Karaa inni jedhe akka hordofan itti himuu fi akkasuma karaa rabbiin jedhe irra deeman jedhu sana(6:90). Qur'aana *Suuraa al-nahl(6:123)* keessattillee ibsaniiru.Haata'u malee *suuraa A-araf(7:158)*akkana jechuun ibsan."Jedhi yaa Mohaammad :'yaa gosa ilmaan nama!baay'ee tokko,Ani ergamaa rabbiin hunda keessaniif isinirratti ergeedha[isaan ergame],Rabbiin isa Samii fi dacheen isaaf taate, wanti isa tiiksu(dhoorguu homtuu hin jirree fi isa qophaa isaa too'ataa ol-aanaa fi Jiruu fi du'a!" isiniif kennu



jechuudha. Kanaaf dhaamsi ykn ergaan rabbi irraa karaa Rusultootatiin(ergamtotaan) fi Nabiiyottaandhufu hunduu utabaa akka dhaamsa ,Rabbiin tokkicha ,Nabiiyoonni hunduu ilmaan namaa irraa ta'uu,dhaamsi isaan irraan darbu dhugaa ta'uu fi dhaamsi rabbi irraa isaanitti nabiiyoota hundattti ergame hunduu akka ilmaan namaatiin hordofamuu qabu ibsa.

### **RAMADDII GAHEE NABIIYOOTAA**

Rabbiin Nabiiyootaa fi ergamtoota isaa dalagaa fi itti gaafatamummaa isaan irra kaa'ame akka sirritti raawwatan isaanif kennee ture. Qur'aanni akka ibsutti FKN,Hawaasni amantii Bygone kan hubannoon isaanii nabiiyii isaanii irraa qaban baay'ee gad aanaa ykn badaa ta'ee fi nabiiyiin isaanii dogoggora walfakkaata keessatti akka hin kufne of eeggannoo kennaafi turan. Ummata guutuu kan cinqaa keessa galchu,balleessa kan hojjatan,ergamtootni rabbi hunduu ifaa fi hiikkaa guutuu argachuun waan gaarii kan raawwatanii dha.kun immoo kan ibsamuun uumama Nabiiyootaa kan addaan hin cinne, Dandeettii ummataa, Nama kamuu kan hubachiisu mallattoo ergamtootas ta'ee Nabiiyoonni hunduu rabbi Tokkicha kan Hiriyyaa hinqabneef,kan waan gaarii(dhugaa) ta'e gara ummataatti akka dabarsan isaan erge qofaaf. Rabbiin (Suurra Fussilat,41:6) keessatti akkana jedhe, "Yaa Nabiiyoo hoo isin hunduu narraayi, Garuu akkuma uumama biraa Waarra du'u, hundi keessanuu nagabbaruu qabdu Rabbiin tokkoo fi tokko qofa waan ta'eef kanaaf karaa sirrii ani irra isin kaahe hordofaa kenna Kiiyya(raabbi) gaarii kana fudhaa."

Ajajni nabiiyoota Duriitiif darbaa ture baay'ee cimaa fi bifa heeraa jabaa ta'een kan darbaa tureedh. Nabiiyoonis ummata isaanitiif baay'ee cimqamaa turan, akka ummanni waan hubate dalagaan agarsiisus barsiisunii fi Seera Jurisprudence peity jedhamu hojii irra oolchuun ummata isaanii hubachiisaa turan. Fkn isaan dhiisanii deeman isaaan qofarratti kan dhaabbatuu miti. Akkasumas itti fufiinsa qabaachuu danda'a. Sababni isaa Akkuma Towrat nabi Musa, Aaron (Haaruun) fi Nabiiyoota hundaan walqabatuu fi Ilmaan Israa'el irratti bu'e, Hundi isaanituu waan gara isaanitti ergame ummata hubachiisaa turan. Ummanni garuu isaan ofirraa dhiibuu fi jeequmsa gara garaa irratti kakaasuun sodachisaa turan.

## **MALLATTOO RABBIIN DALAGAA NABIIYOO IRRA KAA'E**

**Dalagaa Jalqabaa:**-Ergaa karaa nabiiyootatiin dhufte (tilawah ykn" following ") hordofuu fi dhagahuu. Rabbiin Nabiiyoota isaan Qur'aana akka ibsanii fi sirritti hubatan ajajee ture. kana suuraa Al-imraan keessatti akkana jedhe "Isinuma Keessaa rusultoota (ergamtoo) isiniif kaa'ee jira akka isin dhaamsa isaanii sirritti hubattanii fi karaa qulqulluu irratti akka guddattaniif, karaa sirrii fi gaarii akka hubattaniif "*yatlu alayhim ayatih*"(3:164) jecha. Hiikni Jecha Afaan Arabaa **yatlu** jedhuu yeroo hundaa akka haaromfamuuf Ifa gochuu ykn ifa baasuu jechuudha ykn immoo Rabbiin akki jedhe"Biiftuu ykn Aduu fi ifa isii laalaa fi Ji'a akka inni aduu ibsutti laalaa"(Suuraa Al-shams,91:1-2). Iraa caalaan jecha gaalee armaan olii baatiin maal akka taate ibsuu

barbaadameet.”(*Wal al-qamari idha talaha*)Jechuun “akkuma jirutti[Jiini ykn Baatiin] Aduu hordofti.” Kana jechuun Jiini ykn Baatin Aduu irraa ifa argatti kan jedhuu fi hubannoo kanaan immoo Aduun “hodofamaadha” jechuu.

**Dalagaa Lammaffaa:-** Beeksisuu ykn ifa gochoo(*tabligh*) gaaleen *Balagha* Jedhu kan *gaalee Ballagha*(gale maqaa,*tabligh*) kan dhufe haala teessumaa lafaa ykn qilleensaan ta’ee xumura waan tokkoo gahuu ykn iddoo dhumaa gahuu jechuudha.

**Dalagaa Sadaffaa:-**Ifa gochuu(*bayan*).Sababni Qur’aana ifa gochuu akka namoonni Qu’aana irratti waliigalaniif yknhubannoon namoonni ergaa Qur’aanaa irratti qaban akka guddatuuf barbaadameeti.Adeemsi Qur’aana ifa gochuu kan raawwatamu:- jechaan, Gochaan fi gocha dalagamee san ykn kaan mirkaneessaa deemuun raawwatama.

**Dalagaa Arfaffaa:-** Gorsa Sagaleen dabarsuu(*nush*).Qur’aanni akka dhugoo’msutti yeroo tokko nabiiyyiin Hud akkas jedhe “yaa ummata kiyya hoo! Na biraa sammuum dadhabbii qabdu hin jirtu, ta’us Ani ergamaa jiraattota addunyaa guutuu irraa ta’eedha. Dhaamsaa fi gorsa gaarii ani jirraattota kiyyaaf dabarsu(*Uballighukum*) sirritti hubadhaa”(suuraa *Al-a’araf*,7:67-68).

**Dalagaa Shanaffaa:-** Kitaabaa fi waan gaarii barsiisuu(*ta’limmuhum al kitaba wal-hikma*) Suuraa Al-jum-ah keessatti akka dubbifnetti:inni ergamaa isinuma keessaa gara keessanitti(*yatlu alayhim*) warra jallate karaa qajeelaaf qulqulluu fi kitaaba gaarii rabbi biraa ta’e akkasuma amalaa fi dandeetti gaarii akka argattaniif(*Wal al-hikma*) waan arma

duraa karaa dogoggoraa irra turtaniif isinirratti buufnee ykn gara keessan erginee jirra(62:2). Beekkumsa gaarii(“wisdom”) ykn Al-hikmah jechuun yaadaa bal’aa fi waan heddu ofkeessatti qabatee karaa seera fi hobannoo gaarii namaaf kennuun ibsuu jechuudha.

**Dalagaa Jahaffaa:** Sammuu fi onnee ummataa Qulqulleessuu (*tazkiyat nufus al-nasi wa uqulihim*).*dalagaan nabiiyyootaa ummanni akka qulqulluu tahanii guddatan akka godhan barannee turre (yuzzakihim)(62:2).*

**Dalagaa Torbaffaa:-**Akka hordofaniif barsiisuu (*itbaa’a*.)Gaaleen jecha *ittiba’a* (gaalee maqaa, *ittiba*), jechuun waan tokko hordofuu ykn waan isaa tokko faana dhauu(deemuu) jechuudha. Rabbiin akka ibsetti isaannan ergamtoota kiyya (...*man tabi’a hudaya...*)soda tokko malee hordofanii fi guyyaa isa dhumaa(*suura al-baqarah, 2:38*).Bakka kanatti gochaa fi haasofni lamaanuu raga irratti hundaa’anii offitti dhiheessuu ibsuu barbaadameeti.

**Dalagaa Saddeettaffaa:-** Namoota biraa akka isaan gara sanatti waamaniif Barsiisuu(*ta limuhum al-ibtida bi al-hadi*).Rabbiin nabiiyyota akka isaan waarra isaan dura karaa gaarii qabatan ofitti dhiheessan ajajee jira(*Suuraa al-an’am, 6:90*). Jechi offitti dhiheessuu jedhu iddoo kanatti dura taa’aa ofii karaa sirrii fi ragaa qabeessa ta’een, dura bu’aan kun nabiiyyii ta’es warroota isa duraas ta’ee waan fedhee haata’uu Hordofuu jechuudha.

**Dalagaa Saglaffaa:-** Namoota biraa akka isaan karaa sirrii ykn qajeelaa deemaniif barsiisuu(*ta limuhum al-ibtida bi al-hadi*).Adeemsi karaa sirrii deemuu ykn karaa sirrii barbaaduu

waan rabbiin isaanif barbaaduu ykn isaanif hawwu akkasuma isaaniif dachii irrattii fi boruu aakiratti isaani kaa'e akka dalaganiifi. Rabbiin Urjiilee(model) isiniif akka sammuu dukkana dachee fi galaana keessaa baataniif kaa'ee jira(*Suuraa al-an'am,6:97*).

**Dalagaa Kurnaffaa:-**Akka moodeelaattii ykn fakkenyaatti akka isa fudhatan barsiisuu(*ta limuhum al tassi bihi*).nama tokko akka fakeenyatti fudhachuun gochaa fi jechoota nama sanii nama kaanirraa akka ol guddatee ,fudhatamaa fi nama waa'ee seeraatiin wal qabataa ta'eetti ykn hubannoo qabuutti fudhachuudha.

**Dalagaa Kudhatokkoffaa:-**Yaada ol-aanaa fi dhumaa yaalii gochuu(*al-haymanah*). Adeemsi yaada ol-aanaa fi dhumaa yaalii gochuu *suuraa Al-ma'idah* Keessaatti dubbatamee ture Rabbiin Nabiyyoota isaatin akkana jedhe “kennaa guddoo rabbairraa ta'e isin badhaasnee jirra, dhugaaf akka dhaabbataniif,dhugaa warra isin dura darbellee akka fudhattanii fi dhugaan maal akka taate akka murteessitaniif....”5:48).

### **Keyyattoota Ergaa duraa fi Xumura irratti Darbanii**

Rabbiin dhaamsa ykn ergaa sirrii fi ifa ilmaan namatii dabarsuuf nabiiyyoota muraasa filate.Nabiiyyoonni damee moototaa rabbirraa qophaa'anii fi dhaamsa isarraa ta'ee fi humna isaan maleeykota jeddugaleessa godhachuun argannuudha, haata'umalee rabbiin jara kan qabateef akka isaan dhaamsa gara isaanii ergame karaa sirrii fi walqabataa ta'een ummata isaa biraan ga'aniifi.Qur'aanni akka ibsutti,

umrii hunda Keessatuu ilmoon namaa mallattoo (sign or ayah) nabiyyootaa gaafatu. Wal dhibdeen yk walitti bu'iinsa Mu'ujizaa("miracle") fi Mallattoo("Sign")kanaaf hordoftoonni qabxiilee kudha(10) iddoowwan ijoo ifa ta'an irratti akka armaan gadiitti dhiheeffataniiru.

**Tokkoffa(first):-**Gaaleen Mu'ujizaa Ambiyootaa (miracles of prophets) yeroo hedduu yaada Qur'aanaa kan Signs of Prophets(mallattoowwan Nabiyyootaa) bakka bu'ee fayyadaa turuun isaa ni yaadatama.kanumarraa ka'uun Qoyyaboota Qur'aanaa heddu keessatti mallattooleen Nabiyyootaa fi Mu'ujizaan yeroo hedduu dhiibbaa fi ragaawwaan adda adda akka isaan irratti hin ba'amne ofirraa ittisuufi. Kanaaf Jechi Sign jedhu elementii akka mu'ujizaawwaan (Miraculousness) jedhu of keessaa qaba.ta'us garuu Mu'ujizaan ragaalee fi faaydawwan mallattoo garagaraa, ergaawwaan sirritti hubachuufi rakkoolee ergaa keessatti nu muudatan ibsuuf kan nu fayyaduudha.

**Lammaffaa(second):-**Akka Qur'aanni ibsutti Jechi -j-z kan hundee jechaa sadih irraa madde dhaamsa nabiyyootaa jajjabeessuf malee jecha mallatto(sign) ykn Aayaah irraa kan maddee miti.karaa sirrii ta'eenis jecha mu'ujizaa jedhuu fi Aayah jedhu wanti isaan wal fakkeessu hin jiru.

**Sadaffaa(Third):-**Jechi Aayah jedhu Sign(mallattoo) ykn Signal(mallattoole) jechuun ibsama. Akkasuma yuunitii ykn mallattoo jechoota qur'aanaas ta'uun beekamu.

**Arfaffaa(fourth):-**Karaa fayyadama jechaa Aayah(ayah) Ergamtoota Rabbiitti yommuu deebinu ergamtoonni rabbi

jecha Mu'ujizaa jedhu irra yaada ykn jecha Qur'aanaa mallattoo(sign) fi aayah Jedhutti fayyadamaa turan.

**Shanaffaa (fifth):-**Yaada ykn Jecha aayah jedhu karaa Qur'aanatiin yommuu ilaallu,aayah jechi jedhu, jecha gaalee maqaa kan *al-ta'ayyi* hiikni isaa waan tokko waan ofii irratti gadi dhaabuu ykn kaa'uu jechuudha. Gaaleen *ta'ayya* karaa biraatiin gaalee *Afraqa* jedhu waliin ibsamaa ture,hiikni isaa gargaaruu , tajaajiluu ykn immoo gaalee *awiya* jedhu wajjiin immoo waan tokkoof iddoo jirenyaa dhiheessufii jechuudha.

**Jahaffaa(Sixth):-** Garaagarummaan jidduu jecha Aayah akka galuumsa Qur'aana keessattii fi akka yaada fayyadama isaa akkuma jirutti ta'ee irra caalaa garuu yaadaa haala fayyadamaa jedhu,yaada waan yeroo darbee,waan Qur'aana keessatti seeraa fi haala keessatti of ilaaluun kaa'ame tooko ibsa. Karaa biraatiin immoo wanti hima ykn Jecha kamuu irraa bifa gaaleetiin kaa'ame (barraa'e) kamuu Aayah kan nuti yeroo hedduu suuraa Qur 'aana keessatti akka **ayat** jedhaanii ture jechuudha. Jechi Aayah Jedhi hiikkaa Sadi(3)qaba.

Isaaanis:-

- Signs or ayat (Gocha itti fufiinsa qabu ykn waan itti fufiinsa qabu).
- Waan akka seeraa kan ummata (hawaasa keessatti mul'atu) kanneen akka seenaa nabiyyootaa keessatti argamuu jechuudha.
- Aayaah (verses) Qur'aanaa jechuu barbaadameeti.

**Torbaffaa (Seventh):-** Mallattoolee (*Ayat ykn "Signs"*) Nabiyyootaa ilaalchisee Jechi Ayah Jedhu Qur'aana keessatti akka qeenxeetti yommuu tajaajilu kan Ayat jedhu immoo akka

baay'ee (danuutti) tajaajilaa turan. Fakkeennaaf *Suuraa Al-mu'uminun* keessatti jechi *Ayah* jedhu akka Queenxeetti tajajila:" fi [akkasuma Musa(AS)ol-taasifnetti akkasuma ilma Maryam Uumnee fi haadha isaa mallattoo ykn "sign"adda ta'e irratti mul'ifnetti[al-aanaa keenna hundaa ta'e).....(23:50). Gosti qeenxee irraa caallattii lamaan wal-maddii fayyadamuu (Issaa ykn Jesus fi haadha isaa Maryam) olitti nu fayyaduu fi mallattoo irra guddaa isaan lamaan jidduu nutti agarsiisa. Haasawa nabi Muusaa, Jecha Rabbii, fi Dhugummatti Nabi Muusaa dhaamsa (ayat) baay'ee ifa ta'ee fi naannoo sagalitti dhihaatun gara keessan ergineerra....." (*Suuraa al-isra, 17:101*).

**Saddeettaffa (Eighth):-**Qur'aana keessatti jechi "Signs"ykn mallattoo Sodaa waan tokkoo ibsuuf ykn rakkoo waan tokkoo ibsuuf tajaajila(*Suuraa al-isra,17:59*).

**Saglaaffaa (ninth):-** mallattoo (signs) Dhaamsa ykn ergaa isa dhumaa addaan baasuuf tajaajila. Ergaan inni dhumaa gara ilmaan namaatti ergame wantoota akka Miracles (Mu'ujizaa) fi Signs(al-ayat),Qabiyyee, haalaa amala,fi gosaa isaa irratti hundaa'uun adda. Aayaan(sign) isa dhumaatiif nabiiyii rabbii kan xumuraa ta'etti kennamte Qur'aanadha. Rabbiin ergaa Sign(aayaah) isa xumuraa kana keessatti ilmoon namaa addunyaa kana irra jiraattuu haala ittiin of madaaltuu,waan haarawa ittiin argachuu dandeessu fi dhugaa jiru akka hubattu taasiseera. Haata'u malee Waldhibdeen jiddu Aayah(sign) gara nabiiyii Qur'aanaa fi mu'ujizawaan ambiyoota isa dura ergaman kan akka Nabi Muusaa,Iisaa(jesus),fi kan biraa irratti dhufaa ture hedduudha.



**Kurnaffaa (Tenth):-** Ergaa isa dhumaa fi amaloota isaan adda baasan. Qur'aanni Rabbima isa buuseen eegama.akkasuma immoo kan raawwatamuu fi karaa gaarii ittiin qabsiifamuun ykn ibsa gaarii ittiin kennamu adeemsa fi kallattii sunnaan ittiin raawwatamu badas ta'ee gaarii irratti hundaa'eti.Kanumaan wal qabatee sunnaawwan nabiiyii seera islaamummaa bocuu keessatti gahee heddu taphataniiru, garuu heerri kan bu'eef ga'ee fi adeemsa sunnaan taphatu karaa qabsiisufi.

Sunnaawwan Nabi Mohaammad (SAW) ada'ama fakkenyawwanii fi muuxannoowwan nabiiyoota isa dura turaniiti. Sunnaawaan isaa keessatti fakkenyaaf gaarummaa fi jajjabeenna ykn of eegganno nabi Nuuh,Qabsoo nabi Ibraahim dhugaa, gaarumma, waliigaltee inni namoota biraa waliin qabu,fi hojii cimaa fi miidhamaan ummatta isaatiif dalaguu nabi Muusaa, akkasuma Ummata isaatiif jecha of kennuu, fi karaa dhugaa ta'e irraatti ummata isaa jiraachisuuf yaaluu nabi Iisaa(jesus) godhuu isaanii,argina. Qur'aanni wantootaa rabbirraa gara keennatti ergaman yommuu of keessatti qabatu Sunnaan garuu muuxannoowwan nabiiyoota isa duraa irratti ummatarratti ergaman fi fakkeenyawwaan of keessatti kan qabatee dha. Sunnaawwan nabiiyootaa hunduu kan Qur'aanaan wal hin faallessinee, offitti fudhachuufi wal dhabdees kan jidduu lamaanitti hin uumneedha. Irra caalaa walitti qabiinsaa fi haala ijaarsa tokkummaa uumuutiif kan kaa'amaniidha.

**BOQONNAA LAMA**  
**SUNNAA AKKA YAADAA FI GOCHAATTI**

Yaadrimee sunnaa fi Seenaa Guddinna isii

Akka ilaalcha kiyyaatti jechi sunnaa jedhu jecha gochaa (Technical) osoo hin ta'in akka yaadatti hubatama. Dhugaan jiru garuu Sunnaan waan baay'ee sirrii karaa seeraatiin qajeelaa ta'eef, fageennaa fi dhiibbaa guddaa beektota aadaa Islaamaa irratti fideedha. Jechi sunnaa jedhu neetworkiiwwan yaadaan walitti dhufeenya qabu kan akka daandii Sirrii (*tariqah*), Waan durirraa aadadhaan darbe (*adah*), Seera Uumamaa fi hawaasa (*al-qanun wal-ijtima'i wal al-tani'i*) fi kan kana fakkkaatan kan of keessatti hammateedha. Jecha Sunnaa jedhu kallatiin gara gocha xixiqqootti yommuu hiikne rakkoo fi wlitti bu'iinsi heddu akka uumamu taasisa. kanaafuu, yaada kamuu gadifageessanii argachuuf, murtee irra ga'uu fi furmaata ykn boca itti gochuuf hubachuun barbaachisaadha. Ta'us kaayyoon isaa waan ifa gala ta'ee fi walitti dhufeenya qabu akkasuma dalagaan tarreeffamaa ta'e yeroon osoo irraa hin darbin akka seera tokkomeen akka bakka bu'u gochuudha (*aqiqah shar'iyyah wahidah*).

Akka lugaa afaanitti (morphologically) jecha *mafhum* jedhu yommuu kallattiin hiikamu yaada waan yeroo dheeraaf darbe, hundee qubee sadihii *f-h-m* irraa maddeefi hiikni isaa waan tokko hubachuu jechuudha. akka hiika alsadeetti immoo hubachiisuu jechuudha.

Gama warra filosoofitiin immoo sirritti hubachuu, dhugu'oomsuu ykn adda baasuu (*mudrak*), akka iddoo fudhateetti ,iddoo tokko mataa keessatti fudhachuu haala

yaadatiinis ta'uu gochaan, muuxannoo kallattii fi waan oduu nama ta'e irraa argamu jechuudha. Yaanni *mafhum* jedhu bakka lamatti (2) qoodama. Isaanis:-

- Waan kallattiin waan namni tokko dubbaterraa hubachuun danda'amu ykn hiikaa kallatti jechuudha [*harmonious meaning (mafhum muwafaqah)*].
- Hiikaa al-kallattii (divergent meaning) haasawa haala dhaabilee ykn dhaaba gara garaatiin rawwatamuu fi akka waan namni biraa jedheetti kan haasawamu jechuudha (*Mafhum mukhalafah*).

Hayyoonni afaan arabaa jecha *Sunnaa* jedhuuf hiikaa karaa afuriin kaa'u. Hiikni inni jalqabaa karaa gaarii ykn daandii sirrii (*tariqah*), waan dhaalamu (*adah*), amalaa fi haala jireenyaa (*Sirah*) fi haala uumamaa ykn waan walqabataa ta'e, amala addaa (*tabi'ah*). Gama Qur'aanaatiin yommuu ilaallu immoo jechi Sunnaa jedhu hundee jechaa sadihi kan s-n-n irraa kan uumamee fi Suuraa Makkah keessatti si'a Sagal fi Suuraa madiinaa kessatti si'a kudhan deddeebi'ee muldhataa ture. Hundee fi faallaan jecha kanaa Qur'aana keessatti kan fayyadaniif fi waan isa dura akka adaa fi haala jirenya hawaasaa keessatti ta'uuf deemu fi kan seeraan hin jijjiiramneedha. fkn *Suuraa al-anfal(8:38)*. Rabbiin isaannan Rabbi dhiisaniif waan heddutti amananiif of eeggannoo kan kennee fi warra karaa isaa irraa maqaniif kan araarama hin qabne ta'uu ibse. Uumaan maleeykota rabbi karaa dhugaa fi sirriitti nama waamuu dha, haata'u malee dameewwan seeraa olii irraa ta'e jiraachun ni mala, akkasuma dameewwan sunniin mumuldhachuu malu, ta'us garuu wanti isaanin rawwatamu

hunduu wal fakkataa fi yaada tokko kan of keessatti hammatee fi sababa kamiinuu kan hin jijjiiramneedha. Kun immoo kan ta'eef onnee ilmaan namaa qulqulleessuu fi dalagaa isaani rabbi duratti badhaafamtuu gochuufi waan gaariin fuullee rabbiitti akka dhihaatan gochuufi.

Haala qabiyyee qulqulluu afaanii irraa hiika jecha Sunnaa jedhu yommuu ilaallu sunnaa jechuun Amala ykn haala jireenya gaaris ta'ee badaa jechuudha.haaluma walfakkaatun damee barnootaa *Usul* jedhamu keessatti Sunnaa jechuun salphamatti haala jireenyaa,amala ykn aadaa jireenyaa wilitti dhufeenya namootaa waliinii jechuudha.. Hiikkaan jecha Sunnaa jedhuu gama sunnaa Nabiyyootatiin yommuu ilaallu immoo sunnaa jechuun mataa isaatiin haala jireenya nama fi hawaasaa tokkoo karaa sirrii fi dhugaa ta'een kaayame jechuudha.

Marsaaritii Islaamaa keessatti jechi sunnaa jedhu hiika osoo beekanis ta'ee osoo hin beekin yaadaaf amala gaarii fi daangaa tokkoon maletti fakkeenna nabiyyii godhachuun kan kaa'ameedha.hanga dhuma jaarraa lammaaffaa akka lakkoofsa hijraatti hiikni jecha Sunnaa jedhuu baay'ee dhiphaa fi mallattoowwan ergamtoota rabbii qofaan kan ibsamaa tureedha.

## **ITTI FAAYYADAMA Jecha SUNNAA GARA BOODAARRATTI**

Yeroo jarraa tokkoffaa akka lakkoofsa hijraatti jechi sunnaa jedhuuf hiikkawwan hedduu kennamaafii ture.Akka haasawa gara garaa bara 34 AH irraa funaanamee ibsutti walumaagalatti

Jechi Sunnaa jedhu akka seeraa gubbarraa gadi raawwatamuutti fayyada ture. Bara 35 ALH keessa immoo *kaliifaa Usmaan ibnu Affaan* jedhamu haasawaa ummata makkaatiif godheen”jecha millkaa’aa ergamtoota rabbiitin raawwatame”(al-sunnah al-hasanah allati istanna biha rasul allah) fi kaalifoota lamaan duraati. bara 38 ALH keessatti immoo jechi sunnaa jedhu akka mallattoo fi gocha aadaa ummataa ta’ee tajaajila ture. Haata’u malee baruma sana keessa jechi sunnaa jedhu yaadotaa fi walitti dhufeenya gara garaa kan akka karaa sirrii Islaamumma(Sunnah Al-Islam), Karaa sirrii muslimootaa(Sunnat al-muslimin) fi karaa Rabbii(Sunnat Allah)tti tajaajilaa ture. Akkasuma, gochaawwan nabiiyyii, kaalifoota lamaan(Abubakri fi Umar ibnu al-kaxxab), gochaawwan nabiiyyii olii fi gadi jiran, Nabi Mohammad mataa isaatiif sagalee ol kaafama ta’een fi gocha Qu’aana keessatti ittiin waamamaa tureen.

Hiikkaa jecha Sunnaa jedhu irratti hayyoota mana barnootaa Islaamaa kan Islamic Jurisprudence jedhamuu muraasa jiddutti walddhibdeen ka’aa ture. Hayyoonni akkasii hedduun jecha sunnaa jedhu akka Jecha nabiiyyiitti, miiltoo, hordoftootaa fi miiltoo akka raga fi barsiisuufi jajjabeessu. Ta’us garuu jaarraa lammaffaa keessa jechi sunnaa jedhu akka jecha gaarii fi miira namaa kakaasutti tajaajilaa ture. karaa biraatin immoo jecha Sunnaa jedhu miira babaldhina isaatii fi amala gaarii irra akka jecha nabiiyyiin armaan dura lafa ka’ee darbe tokkotti itti fayyadamaa turan.

Haata’u malee, jecha *sunnaa* jedhu akka jecha Moggaasaa kan hiikni isaa waan sirraa’e tokkorraa fudhatame ykn hiika waan

tokko irraa argameetti,damee tokko irraa argameetti,akka galuumsaatti kan taa'uu,yaada yeroo yerotti jijjiiramuu danda'uu fi dikshinariii(hiikkaa jechootaa )irraa kan dhufee fi Qur'aana keessatti kan fayyadu ykn kan nabiiyooni itti fayyadaman fa'a ofkeessatti qabata. Waan walxaxaa fi namoota muraasaan dubbatamu irratti yeroo fixuu irra,faaydaa jecha sunnaa jedhu waan namootaa jiddutti dubbatamee irratti waliigaluun sulphatti akka danda'aniif arma duraafis ta'ee of fuunduraaf hiika guutuu akka nuuf kennuuf itti fayyadamuudha.

**HIIKKA HAWWII JIJJIIRAMA SUUTAA YAADA  
SUUNNAA WALIIN WALITTI  
DHUFEENYA QABANII**

Jijjirama suuta hiikkaa jecha fiqhii irratti.Jechi fiqhii jedhu walumaagalatti kan dhufe falaasama yeroo ammaa irrayi. Salphamatti fiqhii jechuun waan tokko barachuu ykn hubatanii dhugo'oomsuu jechuudha.jechi fiqhii jedhu kan fayyadaa ture akka beekkumsa karaa waa arguutiin, daaw'achuutiin, waan argan irraa hubataanii barachuu irraayi. Hundeen jecha f-q-h sadiin kun Qur'aana keessatti yoo xiqqaate yeroo diigdamatti hanga dhihaatu maqaa dhahamanii turan, hedduun isaanii galee jechaa miraa waa hubachuu,onnerraa waan tokko onneen hubachuu, akka qaamaan hubachuutti fi akka Qur'aana keessattijedhu ibsuuf barbaadameeti.

Haata'u malee adeemsi waa hubachuu wantoota akka dubbisuun irraa barachuu fi hubachuu, waan hubatanirraa

barnoota argachuu ykn hordofuu of keessatti hammata.haalli jalqabbii faaydaa fiqhii akka armaan gaddiitti ka'ame:-

Beekkumsa:-wanti dubbatame Qur'aanaan walqabsiifamee yoo dubbatamee fi waan hadiisaan ykn sunnaan gabaafame irratti hundaa'ee gabaafameedha.Fiqhiin garuu waa hubachuu ykn beekumsaan hordofuu irratti hundaa'a.

Adeemsi jijjiirama suutaa immoo akka armaan gadii jedha.

a) Waan barraa'e dubbisuun ykn gochaa fi yaalii namoota waa dubbisaniin raawwatamuun.

b)Beekkumsa qalbii gaarii taateen bifa sunnaatiin ykn itti gaafatamtoota amantaatiin namootarraa namootatti darbuun.

c) Beekumsa walqabataa fi ifa galaa ta'een fiqhii argachuu ni danda'ama jedhu.

Haata'u malee jaarraa lammaffaa keessa ALH akka waan wajjiin dhalatani ta'anis jechi fiqhii jedhu hanga ammaa miira wal hubachuu durii irraa ykn akka yeroo ammaatti hubatamaa hin turre. Bara Imam Malik (d.179 ALH/795 CE) tti jechi fiqhii jedhu kan hiikkaan isaa namoota murtaawaa fi walitti dhufeenya namoota muraasa ta'an qofarratti hundaa'e irra akka miira baldhaa tokkootti tajaajilaa ture.

Sadarkaan guddinnaa inni itti aanu immoo yeroo hayyoonni kanneen hiikkaa,moggaasa jechootaa, fi hiika waliigalaa kan qoodamiinsaa fi addaan babbayiinsa saayinsii,akkasuma kan yeroo hijazaa irratti bay'ee hin babaldhatinii fi miidhaa hin finne irratti kan hundaa'aniidha.jechi fiqhii jedhu yeroo dhufiinsa nabiyyotaa waliin miiltoo fi miiraa adda baasu kan hin qabneedha.kanaaf jechi fiqhii jedhu hangas mara hiikkaa

kallattii kan waan yeroo ammaatiin walitti dhufu kan hin qabneedha.

**Jijjiirama Suutaa Yaada Ra'y jedhurratti:-**Jijjiiramni suutaa yaada ray irratti dhufe hundee jechaa sadi(r-'-y,) kan maqaa ra'y irraa kan dhufee fi yeroo hedduu waan ijaan arguu dandeennuun kan walqabatuudha.Akkuma waan tokko yaadaan hubatuun akka waan ijaan laalaniitti fudhatamu, hiikkaan jecha ray jedhuu waantootaa akka waaan tokko hubachuu,offitti madaqsuu, offiitti fudhachuu huunduu waan tokko qalbiin ykn yaadaan fudhachuutti fudhatama.hayyoonnis aadaa ykn sadarkaan barnoota isaanii gargar ta'us akkuma yaadaa fi ilaalcha isaaniitti hubataa turan.Ta'us garuu sadarkaan jechi ra'y jedhu karaa abbootii amantaanis ta'ee karaa haasawa hawaasa keessatti godhamuun keessa darbe tokkuma.

Magaalaan Madinaa beekkumsa nabiiyyii mataa isaanirraa,hubannoo fi argaa hundee mootummaa isaanii irraa argachuun hangafa magaalota hundaati.Imaam maliik Mataa isaanitiin akkana jedhanii dubbatan“ilaalcha gatii hin qabne” kan *ra'yun ma huwa ra'yun* ibsamu kam Imam Malik akka nama ga'uumsa qabuu fi qormaata yaadaa kennuu keessatti of laalan ture.Ibnu Kuxxeybaanis akkasuma Imaam Malik akka nama ga'uumsa qabuu fi yaada hubatanitti hubataa turan.Ibnu Rashiidis dhugumatti Imaam Maliik “hooganaa ykn komaandara amanamaa dirree yaadaa fi odeeffannoo fi kaayyoo iyyannoowwan qabatama ta'anii irraayi.Madiinaa hiikkaa jecha ra'y jedhu fi faaydaa waliigalaa isaa wajjiin seena bara bulchiisaa Islaamotaa qabduu fi ilaalcha ibsa



hayyuun tokko godhee fi kan biraa jidduu garaagarummaan kan hin jirre ta'uu ibsa. Ilaalchaa fi yaada mataa namaa ,naannoo fi aadaa namni sun hubachuu danda'u irratti hundaa'uun wanti namni tokko yaadu kan biraa irraa adda ta'uu danda'a.

***Jijjiirama suutaa kan yaada nass jedhurratti:***-jechi *nass* jedhu jecha gaalee maqaa kan jecha sadi *n-s-s* jedhu irraa bocamee fi hiikkaa bebbeekamoo wajjiin fayyadaa tureedh. Innis hiikkawwan akka waan tokko qaamanis ta'ee qaaman osoo hin jiraatin miiraan olkaasuu, waan xumurame, bakka itti gochuuf yaaluu, ergaa dabarsuuf yaaluu fi ifa gochuudha. walumaagalatti jechi *nass* jedhu kaayyoo Qur'aanaa kan waliigalaati fi kan hiikkan fi iyyannoon isaa sirritti gadibu'iinsaana jiru kan sunnaa keessatti bal'inaan raawwatamuudha. Imaal al-shaafi turan kan sunnaa fi Qur'aana sirrii (qixa) tokkoon kaasaa turan. haata'u malee ilaalchi Al-shaafi'i qophatti Qur'aana irratti qaban Qur'aanni kitaaba hundee barsiifataa fi gocha islaamotaa ta'u ibsan. Akkasuma jechi kamuu kan hadiisa keessatti argamanii fi moggaafaman hundeen isaa Qur'aana ta'uu raggaasisan.

Hayyoonni jecha *nass* jedhu yeroo heddu miiraa ga'uumsa hin qabne kan “akka haasawa salphaatti” fayyadamaa turan. Barsiifanni dhaabbilee barnootaa muraasaa haala fayyadama ilaalcha isaa ittiin ittisan qabu ture. Haata'u malee karaa hayyoota afaanitii fi fAl-shaafi-iin itti fayyadamaniitti yommuu ilaaallu jechi *nass* jedhu Qur'aana qofa ibsu waan jalqabaa fi waa hundaa ol-ta'e akkasuma kaayyoo guutuu fi xumura qabuudha. ta'us garuu, hayyoonni hiika biraa waliin

walitti fiduun walitti dhufeenya uumamaan Qur'aanaa fi Sunnaa jiddu kan gadi buusudha jedhanii yaadu. Jecha nass jedhu kallattiidhaan salphamatti akka jecha barreefani isaa sirriitti yommuu deebifnu akka waan sirrii hin ta'iniitti hadiisa hayyootaa keessattuu walitti bu'iinsa uuma.

## **BOQONNAA SADI**

### **Qur'aana akka madda Umaattii fi Sunnaa akka Gocha ifa ta'eetti**

*Yaada wahayii (wahy):-* sunnaan ergamaa Rabbii waan kitaabni rabbii isaa haasawe ifa gochuu fi ol-dabarsuudha. wahayiin jechuu ragaa dubbii rabbii al-aanaa ta'e irraa gara onnee gabroota, ergamtoota, fi baniyyoota isaatti ergamte jechuudha. Hiikkaan wahayyiin wantoota akka hatattamaa fi waan tokko irratti waliin haasawuuf nu fayyadan kan akka mallattoo fi tuquu, sagalee waliigaluu, qaama raasuu ykn barreessuu of keessatti qabata. Maqaan wahayii jedhu ergaa Rabbiin nabiyyota isaatti fi ergamtoota karaa gara garaatiin ergames ibsuuf ni fayyada. Mul'ata Wahayii Qur'aana, Sunnaa fi tokkummaa rabbii fi ibsa isaa keessatti adda baafachuuf hundeeffan gaafii harka keenna jiruu sunnaa nabiyyii wajjiin walqabsiisudhaani. Wantootaa akkasii ifa gochuu keessatti yaadota lakkofsaan heddu ta'an sirreessuu dandeenna waan ta'eef.

Faaydaan nabiyyii dhaamsa rabbirraa karaa isaatiin dhufu dabarsuu waan ta'eef tarkaanfii fi miidhaa sirra ga'uuf itti gaafatamumma hin qabu, ga'een isaa waan rabbiin isaatti erge gara itti ergametti dabarsuu qofa waan ta'eef. Mul'anni Qur'aanaa garuu waan rabbiin kitaaba keessatti karaa gadi bu'iinsa qabuun, adeemsa argameen fi mul'ata bara isaanii keessatti argame of keessatti qabata. Karaa qur'aanatiin immoo waan adeemsa keessa dhagahamee, adeemsa yeroo keessa ta'ame fi xumurame amantii islaamaa keessatti argan. gama biraatiin immoo Qur'aanni seenaa fi waan seenaa irraa walitti

qabaman irraa adda,waan rabbiin irraa karaa hayyamamaan ergamee fi ummanni karaa tokkoon ykn karaa adda addaatiin yaalii irratti hin godhiniin ala.Adeemsi biraa keessatti immoo ergamaan rabbii waan aayaa qur'aanaa sirreessuun qaba. Fakkeennaaf Suura al-ahzaab (33:37)

Muldhatni Nabiyyii akka ummatni Arabaa dhalootarraa dhalootatti dabarsan osoo hin ta'in akka Qur'aanni gabaasu fi ibsutti umrii jireenna fi hoogganummaa isaanii jalatti ibsamaa ture. Yeroo dhheraaf eeggumsa rabbiitin eeggamaa turan. Rabbiin ummata muslimaa fi ilmoo namaa hunda sodaachisee ture (suuraah al-nabl, 16:116) waan seerri Qur'aanaa jedhe dhiisanii waan seerri namaa jedhetti akka hin bulle waan rabbirra muldhatni kennameef qofatti akka bulaniif jecha.

### **SUNNAA FI YAADA DIDDAA ISAA IFA GODHUU**

Jecha Yaada bu'uuraa jedhu yaada sunnaatiin wal maddi qabnee yommuu ilaallu, walitti dhufeenni Sunnaa fi Qur'aanaa haala tokkoon kan gadi bu'iinsa qabuu fi baay'ee walitti dhihaataa ta'een yaada bu'uuraa ibsuu (nazarriyyah al-bayan) kan jecha Ibsuu (bayan) jedhuun miira Qur'aanaa keessatti hubachuun, ifa gochuu fi ibsamuudha.Ta'us garuu sunnaan kan barnootaab lafa qabatuu fi waa'ee qur'aanaa sirritti ibsuudha. Akkasuma Qur'aana wajjiin kan akka marsaa geengootti kan naanna'uu fi ol-aantummaa qur'aanaa jalatti kan buluudha.karaabiraatin immoo sunnaan of danda'ee kanjiraatuu fi adda cituu miti ,akkasuma ibsa garagaraa(ijtihad),waan sababa quubsa qabuu(qiyas) fi

barsiifata isaan walqabatani ,Sunnaa nabiyyootaa lamaanin ibsamuu fi uumamaan kan daangeffameedha.

Akka adeemsa Al-shafi'itti jechi bayan jedhu wantoota akka ibsa gama Qur'aanatiin kennamuu fi waan qabatamaa irrattti kennamu of keessatti qabata.akka isaatti sadarkaan jalqabaa lamaan mataan isaa ibsa Qur'aanaa of keessaa qaba, inni sadaffaa immoo ergaa murtaawaa haala waliigalaatin Qur'aanaan ergamaa isaa bira ga'e ibsa. Inni Afraffaa immoo ibsa nabiyyotan dhihaate gochaan agarsiisuu of keessatti kan qabatuu fi ibsummaan suni mataa isaatin sunnaa nabiyyii ta'uu agarsiisa.Qur'aanni mataa isaatin ibsa ol-aanaa (bayan) rakkoon homaatuu keessatti hin muldhannee jiraachuu kaaya.Akka ibsi isa Xumuraatti Qur'aanni walitti dhiheenna jalqabaa irra jecha nabiyyoota durii irraa argame walitti fiduuni fi waan nabi Mohammad dalagan gochaan agarsiisudha. Sadarkaawwan ibsamuu qaban keessaa gochi nabiyyootaa,jechaa fi wanti offitti fudhachuu qaban waan muslimootaaf daanga'e qofaadha.

### **SUNNAA IFA QUR'AANAA KEESSATTI QORACHUU**

Hayyoonni muraasni hadiisaa iddoo sadihitti qoodu. Isaanis:-

- Hadiisota guutumaa guututti Qur'aanaan walii galan
- Hadiisota waan muraasa Qur'aanatti dabalani(lamaanuu kan ittigaafatamummaa muslimootatiin kaa'amani)fi
- Hadiisota Qur'aanan waldhaban(kanneen dhorgaman).haata'u malee hayyoonni

usulaa jidduu jecha fi gocha nabiyyootaa garaagarummaan seeraan uumamaatin kaa'ame homaatuu akka hin jirretti

ilaalu.yoo gara mataduree sunnaan imaamtota isaan walitti dhufuutti deebinu,imaamtonni muraasni aangoo isaanii yaada fudhatamaa ta'eef sahih,hasan,mashhur,mu-allal, madallas,fi mu'an'an jechuun ibsu.Yeroma walfakkaataa keessatti sunnaa gosa garagaraatti qooduun haala wal hindhabneen fi seera qabeessa ta'een shaakallii godhu.haata'u malee sunnaa karaa madda of danda'aa ol-aantummaa isaati fi kan Qur'aanaatiin yommuu ilaallu hayyoonni hedduu immoo karaa hin barbaachifneen ilaalluu danda'u.fakkeenyaaf wanti nabiyyiin himame tokko baay'ee qulqulluu fi waan heeyyamamaa ta'etti yommuu qoodamu,wanti qur'aanaan walitti qabaa ta'e immoo karaa dogoggora ta'etti ykn addaan hin baanetti akka nugeessutti fudhatama.

Muslimoonni kallattii waan dhugaa ta'e ittiin argan dhabaa jiru,sababni isaa Qur'aanaa fi Sunnaa bakka tokkotti akka waan haala hawaasa isaanii ittiin ijaaranii fi qaroomina wal qabataa ta'e ittiin argatan fiduuf waan barbaadaniif.Sunnaan Qur'aana caalaa akka gocha yeroo gabaabaa ta'e,nama dhuunfatti,fi haala yeroo waliin mijaawaa ta'ee kan argamu waan ta'eef.ta'us garuu waliqabatti Qur'aana dubbisuu kan of keessatti hammatee fi sunnaan waan yaada jijjiiramaa hin qabne kan waan barbaadamu kamuu keessatti if ta'ee argamuu fi kaayyoo ilma namaa sababa jireenyaa wajjiin wal maddii qabuun kan kaa'udha. Kaayyoon waan tokko walirratti dabaluu, hinjijjiiramnee kaayyoo heddu of keessatti qabata.Fakkeennaaf Rabbii tokkicha(*al-tawhid*),Adeemsa of qulqulleessuu(*al-tazkiyah*) fi adeemsa waan gaarii dalaguu fi milkaa'uu(*al-umran*).Akkasuma kayyowwan akka,kaayyoo

seera dhugaa,bilisummaa,fi fedhii ilma namaa hundee irraa karaa meeshaalee barbaachisoo ta'aniin haala mul'ataa,walqabataa ta'een guutu fa'a of keessatti qabata.

Akka ilaalcha warra *isnad* kan maloota isaanii muraasatti hadiisa walmorkiii hin qabnee fi ifa gala ta'een ibsamaa ture.ilaalchi kun yaada tilmaamaa kan waan lafa qabataa ta'e of keessaa hin qabne irratti kan hundaa'e fi waan dhugaa ta'e kan of keessaa hin qabneedha.akka yaada isaanitti wanti tilmaamaa kun sirrii ta'ee yoo argame *Isnadiin* gara sagaleetti yommuu fi akkasuma gaafilee hadiisatiif wanti faaydaa qabu akka hin jirre muldhisa. Yeroo qabiyyeen hadiisaa waan dhugaaf sirrii ta'e, beekkumsa ga'uumsa qabu kan warra hadiisa hiikun mataa isaanitiin qundaa'e,ga'uumsiiis waan hunda kan ofkeessatti qabatu ta'ee fi waan hunda kan *isnad* mormanis of keessatti qabatu ta'e Adeemsa akkasii keessatti hayyoonni yaada *isnad* jedhu qorachuu ykn adeemsa hiika isaa,akkamitti akka ta'ee fi dhugaa ta'uu qoratanii murteessuu qabu.haala bulmaata Islaamaa keessatti warreen qaama ijoo hadiisaa (*matn*),irratti hundaa'an dhugummaa ga'uumsa isaati fi argamuu isaa hubachuu barbaadaniiti.karaa biraati immoo yommuu ilaallu dalagaan hunduu akkuma jirutti ta'ee sunnaan kitaaba wal makaa akka hin taanee fi irraa caalaa adeemsa Qur'aanni ittiin barsiifamuu fi raawwatamu ta'uu nu hubachiisa. Waldhabdeen yeroo amma muldhatan hedduun isaa walmormii fi adeemsa waliigaluudhabuu yaadota adda adda ta'uu nu hubachiisa.Karaan tokkichi walddhibdee kana furuu dandeennun garuu *isnad* fi *matn* walmaddii qabuun walddhibdee fi wal-ta'iinsa isaarratti furmaata kennuudha.

Malli lamaanuu kan qoratamuu fi ifa beekkumsaa jalatti argaman yoo seenaan isaanii sirritti muldhachuu danda'e qofaadha.



**BOQONNAA AFUR**  
**BABALDHACHAA DHUFUU GAHEE**  
**ILAALCHA SEENAA**

***Ragaa dhalootaa muldhata Qur'aanaa***

Dhaloonni jalqabaa akka ragaa bahanitti muldhata qur'aanaa irratti baay'ee dubbatanii turan.Dhaloonni itti aanu kanneen akka dhaloota seenaa, dhaloota falaasama seeraa fi dhaloota akkeessaa ykn aadaa (taqlid) of keessatti qabata.Sababni isaa seenaa ifagalaa fi milkaa'ina qabu dhaloota muslimootaa keessatti ilaalcha gama Qur'aanatiini fi sunnaa nabiyyootaa keessatti ta'e uumuudha. Osoo karaan ittiin hordofan erga nabiyyiin du'an booda karaan yeroo isaan jireenya isaanii keessatti dhihaateyyuu gaafiin Qur'aanaa kan sunnaan walitti dhufan tokkoonuu ka'uu hin danda'an.

Miseensota dhaloota ragaa Qur'aanaa hundarrahuu kan barama ibsa aayaa Qur'aanaa irratti ergamtootaan gara isaatti ergamu kan akka barnootaa isaa, hubannaa Qur'aana irratti qabanii fi iyyannaa waan gaarii gama Qur'aanaatiin of keessatti qabate kan akka deebiin isaanii deebi'ee, walitti dhufeenni isaanii seeraan kaahame waan eeyyamamaa fi dhoorkamaa fi waan gaarii fi badaa gargar baasuuf nu fayyadu of keessatti hammata. Adeemsi biraa kan ergamaan too'atamaa ture waan bulchuu hin dandeeneerratti akka itti gaafatamuu hin dandeennedha. Fakkeenaaaf, Suuraa Al-an'am(6:151-154).innis muldhata kan dhiheesse fi gama birootti dabarse ifa taasise fi haala ittiin hiikamu danda'u gochaan deeggaramuun kan barsiisedha. Haalli hubannaa kun gaafii tokko malee fudhatama argatee, dhaloonni yeroo sanaa ilaalcha sunnaa

akka hubannoo gaariittii ilaalanii fi maddi bulchiinsa kanaa Qur'aana ta'uu mirkaneessan.

Waldhibdeen jecha Matn hadiisa keessatti akka al-Bukari muslim fi kan biraa Fatima bint Qays tan abbaan warraa haala taaneen hiikee fi ergamaan rabbii immoo mana malee jiraachuun akka ta'u ibsanii dha. *Fakkenya kanaaf Umar ibni-kaxxaab akkana jedhe nuti kitaaba rabbii guddaa fi sunnaa nabiyyi keennaa irratti waan xiqqoo dubartootaan waan hudaratti beeknuuf, waan amma irraanfataame ykn waan dura isiin dhageetteef, fi kan iddoo lamaanuu jiraachuu danda'anii fi gargaarsa meeshaa qaban jedhamaniif wal hindhabn. Rabbiin akkana jedhe yeroo dubartoota hiiktu (xalaayxu) mana isaanii irraa gadi hin ari'in fi hanga isaan ofiin balleessaa ofii beekanii bahanitti malee.....(suurah al-Xalaq,65:1)*

Fakkeenna biraatin immoo A'ishaan akka miiltoo seenaa fi Qur'aana adda baasuu irratti ibsitetti lamaanuu hundee godhachuun sirreessuun akka danda'amu kaa'amee jira. Isiin ragaa kan godhatte namni du'e tokko akki jedhe dararaa fi boo'icha maatii isaa irraan sababa dhabiinsaatiin ga'uu, (suuraa Al-an'aam 6:164) wabeeffachuun ibsaniiru.

Yeroo dhaloota kanaatti gochi nabiiyootaa bakka lamatti qoodama. Gochi jalqabaa gocha baay'ee murtaa'a fi nabiiyiif qajeelaa ta'e kan yaadonni Qur'aanaa keessatti ifa ta'an kanneen akka "kadhaa rabbii dhaabbiin gochuu, fi tola ooltummaa irratti dabarsuu....." (Suuraa Al-baqaraa, 2:43). Qoqqoodamiinsi gochootaa akkanaa kun gosa damee mul'ata nabiiyi mul'ata rabbitti dhiyeessu gara isaatti kennameedha

Qoodamiinsi inni lammataa gochoota akkan nabiiyiin fedha isaatiin dhimma jiru kamuu deebisuuf gama ofiitti fudhatee deebisuudha. qoodamiinsi kun kan of keessatti qabatu ibsa nabiiyiin ofirratti fudhachuun waan isaa olii hundarratti raawwatu fi akkasuma wantoota inni amala uumamaa isaatin raawwatu fa'aadha.

### **DHALACHUU DHALOOTAA SEENAA**

Erga nabiiyoonni darbanii fi boojii Islaamaa booda, ummanni naannowwan gara garaa kanneen akka galoowwan arabaa adda adda irraa Islaamummaa shaakaluu eegalan. Aadaan haarofni eegalan miidha isaanii lamaanuu kan sirrii fi rakkoo ,karaa yaadatiin, komii hin beekamne qabu dhalootaaf Qur'aana wabeeffachuun ifa godhe. Akkuma dhaloonni jalqabaa dhumuu eegalaniin, ummanni karaa irra deemaniif madda irraa fi Qur'aana irraa gaafii haarawa fi rakkoo isaan irra ga'uuf barbaaduu eegalan. Yeroma sanatti ummanni Seenaa fi gabaasa gara garaa funaanuun gochi kun ergamaa rabbiitiin ta'uu hubatan.

Namni yeroo jalqabaatif namni yaanni kun akka hadiisa keessatti barraa'u godhe Kaliifaa Umar ibni Abd al-aziz(d.101 ALH/740 CE)- fi abbaa isaa Abd al-aziz ibni Marwan(d.86 ALH/705 CE) isa dura beekaa yeroo sanaa waliin kan dalagameedha. Akka ilaalcha isaanitti Sunnaan akka manneen barnootaa hayyootaatti akka baratamu fi iddoon gaariin akka kennamu gochuudha. Akkasuma hadiisota hundaa kan jechootaa fi dalaagaa nabiiyiitin walitti dhufan kan walitti qaban ta'e akka hiika Qur'aanaa jabeessuu fi hojirra oolchanii

fi musulmoonni akka Amantii ykn gartuu, lola, mana barnootatiin fi maqaa kennuun akka hin qoqqoodamne dhoorguufidha.

Bu'aan isaan Dhaloonni Seenaa kan yaada adda addaa qabanii fi dhaloota duraa irraa adda ta'an akka maddan gochuudha. Sodaa fi rakkoo dhufu hambisuuf kaliifaa jalqabaa Abu bakar hadiisota gara garaa irraa walitti qabanii fi Umar ibnu al-kaxxaab hadiisonni heddu akka walitti qabamanii haqaman taasifamaniiru.

## **DHALOOTA FALAASAMA SEERAA FI SEERA TUMU**

Yaanni fiqhii ykn falaasama seeraa kan dhufe gara naannoo bara 40 ALH/660 CE yoo ta'u, Keessa deebi'uun akka seenaan jechaa jedhu babaldhatu fi gochi nabiiyi muldhatu ture. Haata'u malee ,irra caalaa akka kunuunfamu jechuun rakkoo jiru kanneen akka barnoota amantii fi beekaa seeraa, akkasuma seenaa herreegaa of keessatti qabate kanneen akka meeshaa waraanaa haarawaati fi garaa garummaan ilaalcha jidduu amantaa isaanitti akka hin uummamne jechuun fi isaan biraa kanneen akka midhaan daakuutti mataa isaanitiif tajaajilaa turan akka hin uummamne gochuudha. Waan yeroo san galmaa'e fi adeemsa godhame caalaa ummanni seenaa hadiisaa irratti deebii kennuu eegale salphamatti kan hin hubatamnee fi akka Qur'aannii karaa nabiiyyotatiin jedhutti raawwachuufi, irra caalaa garuu, akka madda seera Islaamaa tumuu fi Qur'aanaa wal maddii qabanii ilaalu ture.

Sana booda babaldhachaa deemuu hawwiif dogongora baay'eetti kan tilmaamamuu fiQur'aanni aayaa 500 ol kan gama seeraatiin of keessatti hin qabanne yommuu ta'uu fi aayawwan sun garuu hayyoota hedduun kan qabanbii fi ilaalcha gaarii kan qabaniidha.Aayawwan san keessaa immoo hayyoonni muraasa kan waan sirrii fi sirrii hin taane qofarratti kan of qindeessan ture. Wantoota akkasii qofarratti amanuu, maatii ofii itti bulchuun,jijjiirama guyyaa guyyaa, seeraan buluu fi murtoo seeraa,yaaliwwan seeraatiin buluu fi kn kana fakkaatan of keessatti hammata. Adeemsa keessa Sunnaan jireenna islamootaa keessatti kitaaba ittiin bulan ta'aa dhufe. Muraasni garuu hadiisota hunda gara bulchiinsa seeraatti qoqqooduuf baay'ee fagaatanii deemaa kan turan yommuu ta'u innis kan of keessatti qabate gosti bulchiinsa seeraa ifa ta'e kan hin jirreedha.

Namoonni gabaasota nabiiyyiin raawwatamanitti hawwu eegalan ykn akkana jedhan:-hanga Qur'aanni maddaa ragaa qabatamaan ibsu caalatti ibsi hayyoota usulatiin,beektotaanfi kaaneen birootiin kennamu hangas maraa miti.hedduun hayyoota yeroo sanaa Sunnaan kan yaada Qur'aana haquu ykn balleessuu danda'u yoo gabaasa qophaa qabaatedha. Hayyoonni karaa marsaalee hima biraatin akkasuma ibsa gara garaatin aangoo, kan Qur'aanaan wali hin galle fi kitaaba karaa sobaatti nama qajeelchu ibsanii turan (Suuraa fussilat,41:42). Komiin biraa immoo Aayaan Qur'aanaa dhuma qaba kan jedhuu yommuu ta'u halli haalli Qur'aanni ittiin ibsame dhuma hin qabu kan jedhuudha.Yeroma Sana waliigaltee xumuraa kan isaan fayyaduu fi dogongora adda addaa irraa isaan deebisu

tilmaamuu gara iddoo duwwaa seeraatti dhiheessuu eegalan.dhuma yeroo sanaa irratti ummanni muslimaa gabaasa seenaa galaanaa fi aadaa keessatti akka kufan of argan.

## **DHALOOTA AKKEESSOO**

Yeroo manni baruumsa falaasama seeraa bifa xumura argataa dhufetti manni barnootaa aadaa (al-muqalidiin) immoo humni isaanii maraan Imaamtota isaanii barsiisuu,ilaalcha isaanii faarsanii dubbachuu fi ilaalcha haarawa mana barnootaa keessa qacaramanii hojjachuu fi yaaduu of keessatti qabata.dhugaan jiru garuu namoonni adeemsa isaanii keessatti ilaalcha imaamtota isaanii waliigalaan hordofan jiru,akkasuma waan faallaa ta'an irratti kan haasa'anii fi kan biraa irratti caalmaa argamsiisuun,muraasni isaanii immoo murtoo isa biraa haquun fi k.k f raawwachuun beekamu.Hedduun isaanii waan Qur'aanni hubachiisu irra waan sunnaan hubachiisu irratti hundaa'u akka gara qur'aanaa dhihaatannitti ragaa bahu. Sana booda hadiisota gara garaa akka isaan imaamota barsiisu danda'an akka ragaa godhachuun dhiheeffachaa turanii fi yaada isaanii hunda gara imaamtota isaanii deebisuun imaamtota sunnaa irraa barsiisa falaasamaa gochuu filatan.Akkuma yeroo iraa deemun imaamtonni sunniin beektonni barreeffama seeraa gara marsaa fi babaldhinaattii deebi'uun inni isaaniin baldhachaa dhufe akka Seera Islaamaa kan homaa of keessaa hin qabneetti dhufu ta'ee garuu barsiifata isaanitii bu'aa buuse.

Hadiisonni muraasni osoo itti hin yaadin dhimma mormii heeraa irratti ragaalee sobaa kan kennanii fi yaada seeraa

irratti kan dorgoman kanneen akka dhimmuoota Arabaa fi Araba hin ta'in jedduutti wal dorgommii Sadarkaa, beekkamtii fi dhiibbaa gara garaa uumuun addaa foo'an jiru. Yeroma sanatti kan ofirraa ittisuun gara deeggarsaatti jijjiiruun gara seenessuu fi gabaasuutti jijjiiramuun isaan muraasni bifa sirrii hin taaneen fudhatamaniiru. isaan karaa dogoggoraatiin fudhataman keessa kanneen akka magaalota muraasaa, gosaa, hayyotaa, ummataa yeroo muraasa keessatti ofirra deebi'anis baldhinaan muldhatee ture. Sadarkaa seenessaa fi maloota isaan walitti dhufeenna qaban ol kaasuuf jecha namoonni muraasni dhugaa Qur'aana keesaatti seeneffamaa turte hadiisotaa keessaa baasufis baay'ee cinqamaa turan. Dalagaawwan akkasii keessatti ragaan mirkaneessun akkumaa argamaa dhufeen waan boodarratti gara holola jedhamuun beekamutti jijjiiramaa kan dhufee fi akkasuma saayinsiin hololaas booda seeneesuu irratti hirkataa dhufee ture. Uthman ibnu Affan akka ibsetti gara garagalcha ol-aanaa (Master Copy) kan dhufee fi hawaasni muslimaa akka jibba ofkeessaa hin qabne ifa godhe. yeroo kanatti Usmaani fi Warreen isarraa bakka bu'an muraasni Aayaa Qur'aanaa takkitti jecha adda addaatin dhimmaa Gara galcha ol-aanaa (master Copy) irratti ifa godhan. Kitaabni Rabbii yoo walqixa hin ta'inii fi yoo ilaalcha walqixxumma hin qabaanne ykn waa'ee qaama biraa yaada keessa galchuun walmaddii qabee yoo hin ilaalle ta'e inni homaa miti, garuu dhugaa ta'uu danda'a ta'a fi gaafis kaasuu dhabuu danda'a, waan hin jijjiiramnes muraasa of keessattii hammachuu danda'a ta'a.

**BOQONNAA SHAN**  
**WAL-DURAA DUUBA SUNNAA FI QABIYYEE**  
**SEENAA ISAA**

**Wal-Duraa Duuba Sunnaa fi Dhiibba Juwishii fi**  
**Aadaa Girikii**

Osoo Mohaammad ibnu Abdallaa hin dhufin dura Araboonni naannoo galoo galaan Arabiyaa jiraatan gama isaanitti ergamuu nabiyyii fi rasuulaa ragaa hin qaban ture. Waan ajaa'insiisaa ta'uu baatus, du'a nabiyyootaa sodaatanis gareen raga fi waan qabatamaa kennuun tajaajilaa turan sahitu jira. Gareen jalqabaa fakkii siyaasaa kan jaalala Nabiyyii kan of fuunduraa ibsuu fi kaalifoonni karaa isaa irratti akka kaayyeffataniif dhaabbateedh.

Gareen lammaffaa kan of keessatti qabate Soomaa fi nyaataa dhugaatii dhiisuun mul'ata ergamtoota af ambiyootaa bifa Qulqulluu ta'ee itti fufsiisuun ni danda'ama jechutti amanuudha. Gareen Sadaffaa isaannaan boodaratti Ulamaa ykn warra beekaa jedhaman yommuu ta'an kanneen akka hayyoota Amantii ,beekaa fi hayyoota hadisaa of keessatti hammata. Miseensonni garee kanaati fi muslimmonni soomanan hiikkaa jecha sunnaa jedhuu cal jedhanii salphamatti akka waan iyyaannaa tokkootti fi waan fudhatanii fi kabajanii tokkootti waamuu irra kabaja ummanni jiruu isaa keessatti Qur'aanaaf qabu irratti hundaa'uu wayya jedhu. akkasuma waan hundaa karaa nabiyyiin jedhanii fi dalaganiin raawwachuu wayya jedhu. Yeroo wanti walitti qabame kun magaalota gara garaa keessatti babaldhatu waarreen hadiisota dadabarsan iddoo iddotti socho'uun hadiisota walitti qabuu fi



waraabuu irra turan. Qabxii kana keessatti sunnaan baay'ee muldhataa kan hin turinii fi ibsaa fi iyyannoon Qur'aanaa kan muldhatu ture.garuu dhimma mataa isaanitii fi sababa salphaa irraa kan ka'e ergamtoota dhugo'oosun dirqama godhu.Yeroo sanatti sunnaa Qur'aana wajjiin walmaddii qabuu hundee raga barreeffamaa fi afoolaatiin seera tumuu ta'anii laalamaa turan.

Yeroo dhaamsi rabbirra gara nabiiyi dhufu fi ibsi qur'aanarratti kennamu,yaaliin gara garaa godhamu, qur'aanaan karaa qabsiifamu,Juwish kaasuu fi kiristaana hubannoo tokkoon hundee irraa ilaaluun akka Islaama waliin hamma tokko walitti dhufan ilaalaa turan.innis dhugaan waan arma dura ibsame irratti isaan sirreessuu fi fudhachiisuuf gama isaanii kan dhufee fi mul'atni inni qabee dhufe kun dhaamsa arma dura Abrahamitti ergame kan abba ambiyootaa ta'een tokko ta'uu ibsuufi jedha. Haata'u malee,irra guddaan ifaajee isaa offitti fudhannaa isaanii hundeen moo'udha.Taphni jedduu Arabootaa jiru garuu hanqina kitaaba qulqulluu mataa isaanitiif kabajuu fi aadaa islaamummaan dhufuun dura lafa ture yaadaa amma jiru fudhachuuf hundeen dalagamaa turee fi Islaamummaa akka waan alaa seenetti fudhachuu isaaniti.isaannan akkasii immoo warra murteessoo(*al-jabriyyah*),ilaalcha ilmoon namaa waan bilisaan hordofan hin qabduu fi wan dalagnu kamuu waan rakkoo qabuu fi arma dura murtaa'ee jedhu. Yaadonni walfakkaatanii fi walduuka deeman,falaasamaa fi barnoonni amantii hiibboon walqabachuun maddan.booda waan murtaa'e(*al-jabriyyah*) irraa gara waan dursa iddoo qabatettia(*predestination*),gara

bulchiinsa waaqeffannaatti (al-haqimiyya al-ilahiyyah) deemame.

Yeroo kana keessa adeemsi sochii hiikkaa fedhii kan godhatee fi kaliifan Abbasiid booda jaarraa saddeettaffaa fi saglaaffaa kan dalagaa waan hunda ofkeessatti qabatee fi qulqulluu ta'e dhaabuun hiikkaa Islaamaa saayinsii keessatti kan kaa'e. Haata'u malee hayyoonni muslimaa hedduun dhiibbaan dhimma kanaa falaasam Aristotiliyaan fi mataa isaatiin wantoota hundaan irra gahamaa kan ture.

## **BOQONNAA JAHA**

### **AANGOO QABAACHUU DHABUU GABAASA SUNAA**

Waliin haasa'uu fi Gabaasa gocha ykn waan nabiiyiin nuuf ibsanii fi sadarkaa seeraatii tokko yoo ta'e gochi ykn haalli akkasii mataa isaatiin maal ta'a? Gabaasni ykn waaliin haasa'uun hundee isaa irraayyuu waan seeraaf heeraan qindaa'ef rabbiin walitti nama fidaa? Yeroo Aangoo olaanaa dhabuu sunnaa nabiiyii fi ittigaafatamummaa muslimootaa gama aangoo addaan baasutiin ilaallu waan akkasii osoo beeknuu addaan baasuun akka aangoon dhugaa ,gabaasni ykn waan tokkorratti waliin haasa'uun ,waan nabiiyiin dalage,ykn jedhe,isa duubaa sababa waliin dhugaa jirtu dalaguu ykn jechuu akka raawwatamu ta'a.haata'u malee haalli nabiiyiif bitamaa ta'aniif kan jedhamu kan raabbiif bitamaa ittiin ta'an jiraachuu maluu?Haala seeraan muldhachuu fi too'annaa mataa ofii isa sirrii ,beekkamaa fi ol'aanaan rabbi qofaadha.

Hayyoonni muslimaa kan irratti waliigalan fi yeroo murtaawaa qaban faaydaa hadiisni olaantummaa nabiiyii irrattii seeneffamee fi seera amantii gargaaru irratti hundaa'un dandeetti fi ibsa wantoota murtaawaa ta'an irratti gaafii gaafachuun,dhugaa irratti hundaa'un,madda ergamaa rabbii godhachuun fi dandeettii isaanii karaa gaafii haqa qabeessa ta'een gadi dabarsuun ergamaan rabbii gara sirrii ta'etti akka hubatan godhama.Wanti murtaawaan seeneffamee karaa olaantummaa nabiiyiitin gadi darbu hunduu waliigalteef baay'ee rakkisaa ta'ee ture. Akka hayyoonni muraasni jedhanitti malli kamuu bakka bu'ummaa nabiiyii fudhachuuf kaa'ame hinjiru ykn gocha fi waan irratti hundaa'an hin

qabu.kanumaan wal qabatee waan nabiiyyii iraa gadi darbe tokko irratti ka'uu fi irraa of dhoorguun aangoo nabiiyyii akka ta'e godhanii ilaalu ture.haata'u malee walddhibdeen sun waan ol-aantummaa sunnaa mataa isaatin kan wal hin qabanneedha. Gama xiinxallaa hayyootaa jahaati fi manneen barnootaa isaanii Hanafiyyiif ilaalcha hadiisotaa kan yaada maraanmartoo ta'e ykn kan mashhur ykn mustafid qofaaf ijjanoo xiqqoo qabutti yommuu deebinu isaan waan qur'aana keessatti argan qofa adda baasuun waan qur'aanni sirritti bakka itti hin godhin jecha muraasa adda baasanii ilaalu.Imaam Maliki fi Abu haniifan yaada bakka gaafii hadiisni gargaaruu waan xiqqoodhan irratti waliigalu ture. Imam Maliik hadiisota adeemsa hiikkaa keessatti rakkoo qaban kan mirkeessee ture yoo ta'u yoo nama baay'ee amanurraa kan dhaga'u ta'e fi ga'uumsa namni sun qaburraa raga bu'ura qabeessa ta'een argame qofaadha kan filachuu danda'u. Jidduu sadarkaa lamaan malaa fi fayyadama jechootaa hayyoota hadiisaa durii garaagarummaa ifa gala ta'etu jira.kunis walumaagalatti kan addaan ba'u isaannan durirraa fi yeroo murtaawaa ammaa of keessatti qabatan kan Al-khaxib Al-bagdaadii fi kan hayyoota Hadiisaa ammayyaa jechuun kan jidduu Al-khaxib Al-bagdaadi fi (d.463 ALH/1071 CE) fi Al hafiz ibnu Hajar(d.852 ALH/1449 CE) jiraniidha. Hundi garee sanniniin kan mallattoowwan hadiisota guddina saayinsiin walitti makamanii fi mataa ofiitin malootaa addaan hin babaane qaban,akkasuma yaadaa fi muuxannoo bara barnootaa gaarii qabaniidha.

Gareewwan san keessaa inni jalqabaa kennaa gochaan ibsamu irratti hundaa'a. Gareen kun walddhibdee hadiisaa keessaa isa guddaa fi ijoo of keessatti qabata. hayyoonni isaanii garuu hadiisotaa kara haasawaatin namarraa namatti darban qofa kan ofitti fudhatanii dha.

Gareewwan lammaffaa immoo waan oduudhaan dadarban ofitti madaqsu. Gareen kun dalagaawwaan waan barraa'e irratti hirkachuun hadiisa daddabarsan irra haasawa seenessaa namootaa waliin godhaman irratti hundaa'u. Gara boodaatti raagaan kaayyowwan guddina maloota isaan fayyadamaa turanii akka falaasama warra giriikii irraa argametti himamaa ture. Jijjiiramni damee qu'aanoo hadisaa keessatti dhufe ture bu'aa walqixxumma sadarkaa jeequmsa isaanii keessatti maloota hayyoonni ittiin hojjataniiti. jeequmsa akkasii baay'ee kan gadi fagaatu, dhugaan dhugatti, kaayyowwan hunda dhiheenyaatti kan miidhanii fi hayyoota boodatiif hundee ta'uun akka isaan xumura ga'an kan karaa laatedha. gaafiwwan qabatamoo fi heerarratti hirkatoo ta'an, ulaagaan, jechootaa fi hiikni hayyoota boodatiin ka'aa turan hunduu hayyoota hadiisaa boodatiin deebii argatan. Warri qajeelfama kan bocan warra waan gaarii ifa ta'e keessatti yaalii mataa ofii gochuun hojjatanii miiraa wantoota hedduu warra isaan dura turan irraa seenaa fi seenessaan daddabarsaniidha. hanqinni isaanii garuu waan isaan marsee argamurratti beekkumsa dhabuudha, sababni isaa haala ittiin waan tokko ibsanirratti fi qajeelfama isarraa madduuf seera isaarratti waliigaluu dhabuudha.

## **MALOOTAA USUULA KAN HAYYOOTAA HADIISAA BOODARRATTI DHIIBBA FIDAN**

Imaam Al-shafi-in hayyuu yeroo jalqabaatiif akaakuu barnoota Fundamental of Islamic Jurisprudence kitaa isaa Al-risalah dalaga isaa keessatti qormaatuun waan gaaruu sunnaa fi damee barnootaa biraatif buusedha. Ta'us garuu Al-shafi'in baay'ee kan xiyyeeffataa ture karaa barnootaa amantiiti fi hayyuu Amantii, maloota hordoftoonni ofitti akka fudhataniif kaa'ame kan inni kitaaba isaa Fundamental fi Islamic Jurisprudence jedhamu warra barnoota amanti irratti baay'ee dhiibba godhaa ture. Sababni isaa Saayisii maalummaa Aristootilii fi falaasama dhiibbaa guddaa warra damee xiinxala (falaasama) Seeraa fi Qajeelfama bu'uuraa (*usuul*) fi walumaa galatti saayinsii Islaamaa hunda of keessatti hammateedha.

## **MOGGAASA QACARAMUU ILM AL-RIJAL KEESSATTI**

Malli saayinsawaa seenessaa qorachuuf gargaaru amaloota hin muldhanne irratti hundaa'udhaani. hadiisonni yeroo durii irra deddeebi'uun garaagarummaa isaanii irrattii qorannoo qeenxee seenessaa turan. Dhimmi kun kan muldhate, yeroo hadiisni dhimma yeroo ammaa irratti qaamaan qorannoo gaggeessaa tureedha. haata'u malee wanti seenessaa irraa adda ta'e fi dhimma yeroo takkoo irraa yeroo biraatti kan kaa'ameedha. dhugaan jirtu garuu dhimma tokkorratti mormuuni fi waan yeroo sana ta'e eeggatanii ibsuun hadiisota keessatti walfakkaatee muldhataa tura. Karaabiraatin immoo seenessaan tokko dhimma sirrii hin ta'in irratti amala sirri hin

taane kan agarsiisu ta'e akkasuma kan nama biraatiin dalagame taanaan waan namni biraa raawwate raawwachuun beekkumsa nama biraa irratti hirkachuu muldhisa. Haata'u malee malli inni irratti hundaa'e mala waan tokko seenaa irratti hundaa'uun barbaaduu fi mormuu irraa adda ykn garagara. Shakii waan tokoo ibsuuf Ya'aqub ibnu shahbah yeroo tokko Yahya ibnu Ma'in akkana jedhe gaafatee ture" nama milkaa'aa ol-aanaa ta'ee fi Seenaan isaa filatamaa ta'e karaa Ibnu sarin dalagaa isaa dalagaa tureen beektaa jedheen?"lakki hin beekuu" jechuun mataa sochoosaa deebiseef.

## **DOGOGGORA MALA QORANNOO SEENESSAA KEESSATTI**

Mala qorannoo seenessaa keessatti loofolis hedduu argama. inni jalqabaa Soba uumuu ykn waan tokko haquu(al-tadlis) fi Sobsiisuu ykn haqsiisuu(al-mudallisiin) dha. wanti akkasii immoo wanta dallasa jedhu keessan yoo ta'u kana jechuun waan adda bahuu qabu keessaa adeemsa isaa haquu ykn gara waan soba ta'eetti jijjiirun ta'a. Qu'annii hadiisaa keessatti jechi seenessaa jedhu gocha isa sirrii hin ta'in haquu ykn adeemsa waan darbaa jiru tokkoo akka gara sirrii hin ta'in hin deemne dhoorguu jechuudha. Dhugaa jiru irratti hundaa'uun waan hadiisa keessatti soba ta'ee fudhatame tokko dhugaa gochuuf waan hedduu seenessaa irratti akka kakaasu fi walumaagalatti kitaabota seenessaan barraa'anii fi qorannoowwan hunda kan of keessatti qabatee ibsu ta'us waan

soba ta'e fudhachuun harka dhibba kessaa harki guddaan hadiisota qabnuu soba ta'a jechuudha.Hadiisota soba dhoorguun sadarkaa ummataatii mi sadarkaa nama dhuunfattuu baay'ee rakkisaadha.

Inni lammaffaa immoo sobuu jechuun hadiisota keessatti baay'ee waan soba ta'e dabaluu jechuudha.inni sadaffaa immo seenessaa dhoksuudha.dhimma kana gara yeroo duriitti yommuu deebifnu hayyoonni durii hadiisota dadhaboo fi wal xaxoo ta'an kan maqaa seenessaa qofa of keessaa qaban qofa dhoksaan hiikaa turan ibsa. Haata'i malee ga'uumsi seenessaan tokko waa murteessuu danda'uu fi dhoksuu ykn yerrorraa yerotti,iddoo tokkorraa iddoo biraatti jiraachuu danda'a. Inni Arfaffaa,nama kutaa biyyaa irraa dhufe,kan yaada hundee dhabeessa ykn yaada mormii gara garaa of keessa qabu jechuudha.ofittii amanamumman seenessaa muraasaa garuu gadi aanaadha.

Shanaffaan miirummaa dhabuudha.kana jechuun waan hundaa beekkumsaan osoo hin deeggaramin dalaguudha.Ta'us mormii bifa qabeessa qorannoo irratti hundaa'e seenessaa fi hadiisota jiddutti uume.

Jahaffaan akkeessuudha.iddoo hadiisonni lakkofsaan jiranitti mormii fi seenessaan walii hingalletti,kan tasa qunnamuu fi salphamatti amaloonni isaanii deebisee yaada gara garaa walitti fidani fi qorannoo akkasii ittiin seenessaniidha.Torbaffaan beekaan seeraa fi karaan barnoota gartuu amantii iddoo gara garaaf yaadaa hayyootarratti dhiibbaa fidan seenaa hadiisota muraasaa kan



qorataniidha.Saddeettaffaan,seeneessa irratti saba dhhunfaa ofiitiif soba ykn kijiba irratti odeessuu.

### **YAADA SEENESSAA**

Yaadni hayyoota hadiisaa bakka lamatti qoodama.yaanni jalqabaa *dabt al-sadri*, jechaa fi jechaan”kunuunsa onnee irraa ta’e”kan yaadachuu,kunuunsuu,wanta sammuu ykn onne keessatti kuufame fi inni lammaffaa Dabt al-kitab,Jechaa fi jechaan ,kunuunsa kitaaba irraa ta’e,kan dandeettii waa yaadachuu fi waan tokko kitaaba irratti barreessuun iddoo tokko olkaa’uu of keessatti hammata.gama walitti dhufeenna mallattootin immo warreen hadiisota funaanan akka himanitti ibsi isaanii gamtokeedhan dogoggora qaba jedhu.yoo seenessan rakkoo waa yaadachuu qabaate ,jidduu isaanitti walldhabdeen uumamuu ykn ibsa fudhachuu dhabuuni fi xinnessanii fudhachuu fi sirumaa fudhachuu dhiisun ni muldhata.Akka hadiisni tokko guutumaan guututti dhimma kanarratti ibsetti “osoo dubartiin takka heeyyama bakka bu’aa isii malee kan heerumtu ta’e, heerumni isii hanquudha ykn sirrii miti”jedhu.hadiisonni muraasni immoo akka ibsanitti hadiisni kan dadarbuun karaa waan itti himame gabaabsanii dabarsuu fi akkasuma jecha tokko kan biraatiin walfakeessanii himuutini.Hayyoonni hadiisaa immoo dhimma kana irratti kan waliigalanii fi hedduun isaanii ibsa kana kan fudhatanii fi dhaamsa ykn ergaa isaanii karaa seenaa himamee gabaabsanii dabarsaa kan turaniidha.Haata’u malee ibsi barreeffama kan baduu danda’u wanni hin taane yoo itti dabalamee ykn irraa hir’ate fi jijjiirame qofaadha.dhugaan dhokachuu hinqabne

garuu barreessaa firumma qabuun,nama walitti dhiheena isaan waliin qabuun,fi barattoota yeroo hunda kitaaba isaanii waliin shaakallii godhan waliin waan miidhamuu danda'uuf dogongora akkanaa irraa ittisuun baaay'ee ulfaatadha.

### **CEEPHOO JECHA ISNAD FI MATN JIDDUU JIRU**

Qabiyyee isaa irratti hundaa'un sirrii ta'uu hadiisaa murteessuu baannus Qur'aanaan wal-maddii qabuun ilaaluun waan gaarii fakkaata.kuni garuu sirritti walitti dhufeenna gosa gara garaa kan nabiyyoota hedduun walitti dhufeena qaban irra mala qorannoowwan adda addaa ceephoo hadiisotaa fi haala wal xaxaa irratti hundaa'un fi amalootaa seenessitoota hedduu irraa kan maddeedha.mala bulchiinsa yeroo gabaabaa san keessatti immoo ibsi seenessitootaa muraasa ta'uu isaati. Malli hadiisota qofa osoo hin taane gabaasa seenaa kan biraa fi seenessaa akkasuma yaadota,ilaalcha fi ibsa namoonni adda addaa dhimma qur'aanaa irratti qaban salphamatti mallattoowwan gara garaa kan sammuu muslimootaa midhan qofaadha.akkasuma sunnaanis ilaalcha keessa kan gale warra *Ilmi al-rijal* saayinsii seenessaatiin kan qoratameedha.

Ani gama hadiisota gara keennatti ergamaniitti kan isin waamu osoo hin taane, dhimma awwaalamuu kitaabota hunda yaada keessa galchuun qur'aanaan wal madaalchisuuti fi adeemsa akkasii keessatti Qur'aanni kitaaba yaada bilchaataa fi sirrii of keessatti qabateedha.Qur'aanni yaada bilchaataa fi quubsa ta'e mata isaa keessaa kan maddisiisu fi qaama isa dura turerraa osoo hin taane mata isaa irraa yommuu ta'u hundeewwaan salphamatti dameewwan hadiisaa irratti

ceephoo kaasuu yaalan ni jiru ta'a ta'us garuu hiika isaa jijjiiruu hin danda'an. Qormaata sadarkaa fi ulaagaa hayyootaa qaama hadiisota adda addaa ceephessuu irratti uuman ulaagaa isaanii irratti hundaa'un kan tarreessan yommuu ta'u hadiisni ulaagaa kana hin guunne fudhatama kan hin qabne ta'uu mirkaneessu. Ulaagawwanis kanneen armaan gadiiti.

1. Waan ifa fi shakkisiisaa hin taane kan Qur'aana keessaa dhufe, akkasuma waan sunnaa keessatti sirriti sororfamee fi amantaa keessatti barbaachisoo ta'an wajjiin walitti bu'uu hin qabu

2. Muuxannoo miiraa ofkeessatti hammachuu kan qabani fi waan addunyaa kanarratti beeknu fi arginu ta'uu qaba.

3. Beekkumsa saayinsii fi heera uumamaatiin dhabbateen walitti bu'uu hin qabu.

4. Muuxannoowwan hin dhaabbanne ykn waan yaada bu'uraa hin qabne wajjiin waan hin taaneen walitti bu'uu hin qabu.

5. Dameewwan saayinsii fayyaa fi haalaa qilleensaa fi k.k.f. dhaabatan waliin walitti dabalammu hin qaban.

6. Akka mallattoo gadi aanaa gabaabbinnaa fi dadhabina afaan tokkoo ibsuutti akkasuma akka waan nabiyyii sadarkaa kaa'aniifitti dhaabuun hin barbaachisu. jechoota jireenna nabiyyi keessatti deddeebi'anii muldhatan akka isaan deddeebi'anii hin muldhanne gochuun hin barbaachisu.

7. Seerota Islaamaa waliin amaloota hin taane itti dabaluu dhaamsa dabarsuun hin barbaachisu.

8. Waan miiraa dhabeessa ta'e ofkeessatti qabachuu hin qabu.

9. Dhaabbilee barnootaa gara garaatii fi gosoota adda addaatiif waan amantummaa qabu dabarsuufii qabu.

10. seenaa walitti dhufeenna namootatiin dhaabbate ,waan ta'e,waan beekkumsa haftee durii irraa hayyootan argame fi waan yeroo san keessatti raawwatame wajjiin walitti bu'uu hin qabu.

11. Waan ta'e tokkorratti waa namatti himuu kan akka aangoo mootumaatin ummatarratti ykn nama dhuunfaarratti ragaa bahuu kan hin barbaachifne ta'uu.

12. Seerota hundee Islaamaa kan rabbiraa dhufanii fi dhalootaaf akkasuma bu'aa buusan kan of fuundurraa rabbiraa jiraachuu danda'an wajjiin walitti bu'uu hin qaban. akkasuma waan ergamaan rabbii jaalatamaan jedhe wajjiinis walitti bu'uu hin qaban.

13. Gocha gatii hin qabneef waadaa fi badhaasa kennuun hin barbaachisu ykn qaama dhiibbaa xiqqaa sirraan geessurratti tarkaanfii guddaa fudhachuun hin barbaachisu.

14. Seenessaan waan dhuunfaa isaa argachuuf jecha gaafii gara garaa gaafachuu hin qabu ykn waan alarraa dhiibbaa isatti godhaa jirullee yoo ta'e.

15. Barsiifata falaasamaa kan warra qaaroomne jedhu hordofanee waa barreessuun sirrii hin ta'u.

16. Qabiyyee hadiisaa keessa wanti sirri hin ta'in ykn dadhabina qabu haala hiikkaa keessallee ta'ee dogondorri homaatu hin jiru.

17. Wanti qaama hooggansaatiin dhoorgame ykn akka waan ijootti fudhatame tokkoonuu hin jiru.

18. Erga itti gaafatamummaan takkaa nama seenessaa ta'e tokkoof kennamte wanti isaan booda fudhatamu hin jiru ykn

wanti seenessaan waan biraatiin walmaddii qabuun ofirraa dhiibu hin jiru.

19. Wanti kamuu jecha hundee kan jalqabaatiin irratti hundaa’uun osoo itti hin dabalamin ykn irraa hin hir’atin dhaamsa dabarsuu qabu.

Ani hiriyyoota kooti fi barattoota saayinsii Seeraa Islaama fi barnoota barreeffamaa kan aadaa, malootaa baruuf barsiisuu, iddoo gaarii ga’uu fi salphatti addaan baafaachuuf akkasuma waan hundaa milkaa’uf, waan ifaajee warreen karaa nagaatiin lallabani (qur’aana qofa) gufachiisu kan gargaarsa qur’aanii irraa fagoo jirani jechuu kooti. Karaa warreen mala ammayyaatin diinii Islaamaa diiguuf deemani, hayyyota hadiisaa kan dogoggora hadiisaa qoratan”saayinsii hadiisaa” wallakkaa fi daangawwan muraasa osoo hin ta’in mataa addunyaarratti kan argamaniidha. Adeemsi gara saayinsii hadiisaatti godhamu immoo kan yaadota akka *isnad fi matn* yaada keessa galchuun mataa mataa isaanii irraa kan seenessanii fi daangaa fi seerummaa kan eeggatan ta’uu qabu jedha. Sunnaawwan nabiiyiiti fi yaanni qur’aanaa kan addaan ba’uu hin qabnee fi akkasuma waan fudhatamuu qabuu fi hin qabne lamaanuu kan ofkeessatti qabateedha. Isaannan akkasii san karaa siirrii fi dhugaa qabeessa ta’een ummataaf gabaasuun, diinagdeen, beekkumsaan fi rakkisaa kan ta’e karaa hafuuratiin kan dhihaatu addunyaa yeroo amma muslimni irratti argamu keessatti kan jiruudha.

### **“Yaada abbaa kitaaba hiikee”**

Kitaabni kun waa’ee sunnaa,seera Islaama fi yaadota adda addaa irraatti ibsa baldhaa fi hangana hin jedhamne waan kennuuf qabiyyeen isaa hundi sirritti kaa’ame taanaan nama dubbisu hundaa dhaamsa gaarii dabarsuu danda’a yaada jedhu qaba.Iddoo tokko tokkotti yaadota walxaxaa fi nuffisiisaa waan of keessaa qabuuf abdiidii osoo hin kutatin dubbisuu fi hubachuu barbaachisaadha.

